   

## Gargaarsa Mana Barumsa Lokkee Qaccaatiif gootaniif galatooma'a!



Seenaan Mana Barnoota Lokkee Qacaa gabaabsee suuraa kanaan mudhisuuf yaaleera. Suuraan 1faa sun bara 2000 akka laakoobsa Europa daree takka duwaa ture.

Surooni itti anan $2^{fa}$ – $7^{fa}$ bara 2005 biyya henna deemnu sadarkaa mani Barumsa itti jiru agarsiisa. Erguma biyya deebinee madda gara adda addaatii arganneen suuraa $8^{fa}$ – $10^{fa}$ ijaarsifneera. Akkasuma Ijoolleen dur lafa teetullee galata Oromoota Norway teesuma ykn deskii gaarii irra ta'anii barataaru. Laakoobsi ijoole'e waan guddisee dabalameef, ammalee ijooleen **210 lafa teetee barataati. Deskii 70 barbaachisa jecho'o.** Kanalee waaquma itti kadhataa waan godhuu dandeenu goona.







Akkuma seenaa gabaabaa suuraan mudhisuuf yaale kana irraa hubbatan Mani Barnootaa kun wogooti 7 kana keessat haga kutaa $8^{fa}$ guddatee amma ammo haga sadarkaa olaanaa haga kutaa $10^{fa}$ achummat akka banamu hayamamee barana ijooleen kutaa $9^{fa}$ achummat egalteeti.



Rakkini guddaan amma jiru waan heddu keesaa inni tokko **mana jireennaa barsiisootaat**. Naanoon kun baadiyyaa waan ta'ef barsiisaan tokko mana kireefatee keesa jiraatu hinjiru. Kanaafuu gargaarsi amma godhamu kun projektii ijaarsa mana barsiisootaatiif ola. Mani ijaaramu kunilee qabeena mana barumsaati. Galatooma'a! Waaqoo Roobaa



 